# Haala Eegumsa kan Yerootiif akkataa itti Iyyachuun Danda'amu

(How to Apply for Temporary Protected Status)




Waraqaan haqaa kun waa’ee haala immigireeshinii yeroo gabaabaa kan haala eegumsa kan yeroofii jedhamuun beekamu ilaallata. Yeroo tokko tokko TPS jedhamuun beekama. Waraqaan haqaa kun kan inni isinitti himu:

- Yeroodhaaf eegumsa argachuuf eenyu akka iyyachuu danda’u.
- Yeroodhaaf carraa haala eegumsa argachuu yoo argattan maal gochuu akka dandeessan.
- sadarkaawwan eegumsa yeroodhaaf argachuuf jecha iyyachuuf barbaachisan.

Fuula dhugeeffannoo kana afaan Ingliiziin ykn kabiroon dubbisuuf, daawadhaa: [LawHelpMN.org](LawHelpMN.org)

Waraqaan dhugaa kun Giddugala Seera Godaantotaa Minnesota, Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota, Tajaajila Seeraa Naannoo Kibba Minnesota, The Advocates for Human Rights, fi Volunteer Lawyers Network waliin ta’uun kan qophaa’edha. Maallaqa Kutaa Tajaajila Namaa Naannoo Minnesota irraa argameen deeggaramee ture.

# Eenyu Haala Yeroof Eegumsa Argachuu akka Danda’u

## Haalli eegumsa kan yeroof kennamu maali?

**Haala immigireeshinii kan yeroo gabaabaati.** Mootummaan U.S. namoonni biyya keessanii gara biyyaatti deebi’uun balaa qabaata jedhee yoo kan yaadu ta’e iyyachuu dandeessu. Balaan kun balaa uumamaa, waraana ykn jeequmsa siivilii irraa ta’uu danda’a. Mootummaan U.S. tarreeffama biyyoota namoonni yeroof eegumsa argachuuf ulaagaa guutan mara ni qabata. Tarreeffamni kunis marsariitii USCIS irratti kan argamu: [uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status](uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status) Biyyoonni tarreeffama kana keessa jiran jijjiiramuu danda’u.

**Yoo haala eegumsaa yeroof kan barbaaddan ta'e, iyyachuu qabdu**. Biyyi dhaloota keessanii tarreeffama keessa waan jiruuf qofa battalumaan kan argamu miti. Namoonni haala eegumsaa kan yeroo argatan hanga mootummaan U.S. gara biyyaatti deebi’uun isaanii nageenya qaba jedhee amanutti seeraan U.S. keessa jiraachuu fi hojjechuu ni danda’u.

**Yeroodhaaf eegumsa argachuun nama tokkoof haala  godaansaa kan dhaabbataa ta’e kan kennisiisu MITI.** Garuu biyyi dhalootа keessanii tarree kana keessa yoo jiraate sadarkaa eegumsa yeroof qabdan haaromsuu dandeessU ta’a. Ameerikaa keessa yeroo dheeraa turuu yoo kan barbaaddan ta'e abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa’aa.

## Yeroodhaaf eegumsa argachuuf ulaagaa guutuu nan danda'aa?

Yeroodhaaf eegumsa argachuuf qabxiiwwan iyyachuun isin irraa eegamu 4tu jira. Kan isin gochuu qabdan:

1. **Biyya U.S. kan yeroof eegumsa argachuuf tarreeffaman keessa jiraachuu.** Kana jechuun mootummaan U.S. namoonni gara biyya sanaatti deebi’uun nageenya akka hin qabne murteesseera jechuudha. Yeroo iyyattan sanadoota lammummaa keessan mirkaneessuu danda'an isin barbaachisa. Yoo lammummaa biyyoota lamaa qabaattan, yeroof eegumsa argachuuf iyyachuu keessan dura abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa’aa.

2. **Yeroo  biyyi dhaloota keessanii tarreeffama kana keessa galfamu Qaamaan Ameerikaa keessa jiraachuu.** Kunis “argamuu qaamaanii/physical presence” qabaachuu jedhama. Akkasumas yeroo tarreeffameef U.S. keessatti mana jireenyaa qabaachuu qabdu. Kunis “argamuu walitti-fufiinsa qabu/continuous presence” qabaachuu jedhama. Yoo naannoo U.S. ala  ykn guyyoota ulaagaa guutuu dandeessanitti kan imaltan ta'e, haala eegumsa yeroof iyyachuu keessan dura abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa’aa.

3. **Yeroo iyyanni akka itti dhiyaatuuf isiniif kennametti yeroodhaan iyyachuu.** Mootummaan U.S. iyyannoo kan yeroof eegumsa argachuuf yeroon itti fudhatu yeroo gabaabaatu kennama. Guyyaa xumura kan iyyannoo marsariitii USCIS irratti: uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status. Yeroon kenname osoo hn xumuramin dura iyyachuu qabdu. Yoo yeroon murtaa'e kun kan isin darbe ta'e, ogeessa seeraa kan immigireeshinii waliin haasa'aa.

4. **Galmee yakka irra qulqulluu ta'e qabaachuu.** Yakka salphaa kan lamaa olii qabaachuu hin dandeessan. Hanni xixiqqaan ykn inshuuraansii konkolaataa malee konkolaachisuun yakka salphaadha. Yakka raawwattan amanuu keessan dura, poolisii ykn abbaa seeraa waliin waliigaltee uumuuf ykn kaffaltii kaffaluu keessan dura abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa'aa. Yoo yakka kamiin iyyuu isinitti murtaa'ee kan jiru ta'e, yeroof eegumsa argachuuf iyyachuu keessan dura abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa'aa.

## Yoon haala eegumsa kan yeroofii argadhe, hanga yoomiitti tura?

**Haala irratti hundaa'a.** Haala eegumsa yeroof argachuuf ulaagaa guutuu kan dandeessan yoo biyyi dhaloota keessanii tarreeffama kana keessa jiraate qofa. Biyyi tokko yeroo gabaabaaf ykn yeroo dheeraaf tarreeffama kana keessa turuu dandeessi. Biyya tokko keessatti balaan kan uumamaa yoo mudate ji'a 3f tarreeffama keessa jiraachuuf mala. Biyya tokko keessatti waraanni dheeraan yoo jiraate waggoota muraasaaf tarreeffama keessa jiraachuuf mala. Yeroo biyyi dhaloota keessanii tarreeffama kana irratti irra-deebi'amee dabalamu mara haala keessan haaromsuu qabdu.

### Fakkeenyaaf: Soofiyaan sababa waraanaatiin Ukraine keessaa baate.

Biyyi Ukraine sababa waraanaatiin Ebla bara 2022 hanga Onkoloolessa bara 2023tti tarreeffama Haala  Eegumsa Yeroof (TPS) keessa galfamte. Soofiyaan Ukraine keessatti dhalatte. Ishiin gara Minnesota kan dhufte Amajjii 2023. Soofiyaan TPS argachuuf iyyatte. Hanga Onkoloolessa bara 2023tti TPS ishiif hayyamamee ture.Onkoloolessa bara 2023 mootummaan U.S. bakka Ukrain tarreeffama kana keessaa qabdu hanga Ebla 2025tti dheeresse. Soofiyaan haala ishee eeguuf TPS fi hayyama hojii irra deebitee iyyachuu qabdi turte.

## Biyyoonni tarreeffama haala eegumsa yeroof qaban isaan kamfa'i?

Tarreeffamni ni jijjiirama. Biyyi dhaloota keessanii tarreeffama kana keessa jiraachuu isaa beekuuf:

1. Gara marsariitii USCIS deemaa: uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status
2. Tarreeffama kana ilaaluuf "Countries Currently Designated for TPS" kan jedhu cuqaasaa.

Yoo hayyama haala eegumsa yeroof qabaattan, mootummaan U.S. yeroo biyya dhaloota keessanii tarreeffama kana keessatti dheeressaa jiraachuu isaa ilaaluuf guyyaa guyyaadhaan marsariiticha daawwadhaa. Haalli eegumsa yeroof qabdan osoo hin xumuramin ji'a 3 dura sakatta'uu jalqabaa.

## Yeroon xumuraa kan yeroof eegumsa argachuuf itti iyyatamu yoomi?

Yeroon xumuraa iyyannoo kun tokkoon tokkoon biyyootaatiif adda adda ta'a. **Yoo yeroon murtaa'e darbe, ogeessa seeraa kan immigireeshinii waliin haasa'aa.** Guyyaa xumuraa iyyannoo argachuuf:

1. Marsariitii USCIS: uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status daawwadhaa.
2. Tarreeffama kana ilaaluuf "Countries Currently Designated for TPS" kan jedhu cuqaasaa.
3. Biyya keessan filadhaa. "Yeroon Galmee" yeroo jalqabaaf yoo iyyattan guyyaa xumuraati. "Yeroon Irra-Deebiin Galmeessuu"yoo TPS keessan haaromsaa jirtu ta'e guyyaa xumuraati.

Gabatee kun guyyoota adda addaa fi guyyoota xumuraa haala eegumsa yeroof ta'u ibsa. Tokkoon tokkoon isaanii maal jechuu akka ta'an ibsa.

| Akaakuun Hirmaata | Maal jechuu akka ta'e |
|---|---|
| **TPS Designated Through:**<br>TPS Fudhatame Karaa: | Namoota biyya kana irraa dhufaniif guyyaan TPS xumuramu. **Kunis namoota yeroo jalqabaaf iyyatanii fi namoota TPS isaanii haaromsan ilaallata.** |
| **Re-Registration Period:**<br>Yeroo Irra-Deebiin Galmaa'uu: | Guyyaa TPS keessan haaromsuuf iyyachuu qabdan. Biyyi hundi guyyaa wal fakkaataa hin qabaatu. **Kunis namoota kanneen duraan iyyuu TPS qabaniif.** |
| **Registration Period:**<br>Yeroo Galmee: | **Yeroo jalqabaatiif kan iyyattan yoo ta'e** TPS argachuuf guyyaa isin iyyachuu qabdan. |

| | |
|---|---|
| **Employment Authorization Document (EAD) Auto-Extended Through:** Sanada Hayyama Qacarrii (EAD) Ofiin Kan Dheereffame Karaa: | Yoo yeroo ammaa hayyama hojii qabaattan, kun hanga guyyaa itti seera qabeessa ta'eedha. Yeroo TPS keessan haaromsitan hayyama hojii keessanii haaromsuu qabdu. Garuu, osoo iyyanni keessan hin xumuraminitti hojjechuu itti fufuu dandeessu. **Kunis namoota kanneen duraanuu TPS qabaniif.** |
| **Continuous Residence in United States Since:** Jireenya Walitti Fufaa Yunaayitid Isteetis Erga: | Iyyachuuf guyyaa kana irraa eegalee Ameerikaa keessa jiraachuu qabdu. Biyya biraa deemtanii deebi'uu hin dandeessan. **Kunis namoota yeroo jalqabaaf iyyatanii fi namoota TPS isaanii haaromsan ilaallata**. |
| **Continuous Physical Presence in United States Since:** Yunaayitid Isteetis keessatti Qaamaan Itti Fufiinsaan Argamuu Erga: | Guyyaa kana irraa eegalee imala “gabaabaa, akka tasaa fi qulqullaa'aa” qofaaf Amerikaan alatti imaluu dandeessu. **Kunis namoota yeroo jalqabaaf iyyatanii fi namoota kanneen TPS isaanii haaromsan ilaallata**. Guyyaa kana irraa eegalee U.S. ala yoo deemtan, yeroof eegumsa argachuuf iyyachuu keessan dura abukaatoo immigireeshinii waliin haasa’aa. |
| **TPS Designation Date:** Guyyaa Fudhatama TPS: | Guyyaa mootummaan U.S. jalqaba biyya kana tarree TPS irratti dabale. **Kunis namoota yeroo jalqabaaf iyyataniifi namoota TPS isaanii haaromsan ilaallata.** |
| **Current TPS Designation Date:** Guyyaa Fudhatama TPS kan Yeroo Ammaa: | Guyyaa mootummaan U.S. biyya kana irra deebi’ee tarreeffama TPS keessatti mirkaneesse. Biyyi hundi guyyaa wal fakkaatu hin qabaattu. **Kunis namoota yeroo jalqabaaf iyyatanii fi namoota kanneen TPS isaanii haaromsan ilaallata**. |

## Yoon haala eegumsaa yeroof qabaadhe hojjechuu nan danda’aa?

**Eeyyee, YOO hayyama hojii argachuuf kan iyyattan ta’e.** Yoo haala eegumsa yeroof qabaattan battalumaan hayyama hojjechuu hin argattan. Yeroo haala eegumsa yeroof iyyattanitti hayyama kan hojiifis iyyachuu qabdu. Qajeelfamni hayyama hojii iyyachuuf kutaa “Sadarkaawwan Iyyannoo/Steps to Apply” jedhu waraqaa haqaa kanaa keessatti ni jira. Yoo haala eegumsa yeroof qabdan haaromsuu barbaaddan, yeroo walfakkaatutti hayyama hojii keessanii haaromsuu qabdu. Yeroo iyyanni keessan ilaalamaa jiru hojii itti fufuu dandeessu.

## Abukaatoo kan immigireeshinii waliin haasa'uun qabaa?

Abukaatoo waliin osoo hin haasa'in yeroof eegumsa argachuuf iyyachuu dandeessu. Iyyachuu keessan dura abbaa seeraa waliin haasa'uun gaariidha, yoo:

- lammummaa biyya lamaa qabaattan. Fkn: Isin lammii Somaalee taatanii Itoophiyaatti yoo dhalattan.
- guyyaa xumura iyyannoo dabarsitanii kan jirtan ta'e.
- Yakka kamiinuu himatamtanii kan jirtan ta'e.
- Yakka raawwattan akka amantan ykn kaffaltii akka kaffaltaniif kan gaafatamtan ta'e.
- U.S. ala naannoo ykn yeroo ulaagaa guuttanitti imaltanii kan jirtan ta'e.
- Dhaabbataadhaan Ameerikaa keessa jiraachuu fi hojjechuu kan barbaaddan ta'e.
- Waa'ee gahumsa qabaachuu eegumsa haala yeroofii keessan ilaalchisee gaaffii kan qabdan ta'e.

## Biyya kiyya yoo tarree TPS keessaa haqan maaltu ta'a?

Yoo biyya dhaloota kee tarree biyyoota TPS qaban keessaa haqan, battalumatti abukaattoo waliin haasa'i! Gosoota gargaarsa immigireeshinii biroo argachuuf ulaagaa guutuu dandeessa. Abukaattoon waa'ee filannoowwan ati qabduu si haasofsiisuu danda'a. Akkasumas falmiin xumura TPS biyya keessanii lafarra harkisu ykn dhaabu yoo jiraate abukaatoon keessan isinitti himuu danda'a.

## Abukaatoo ana gargaaru eessaan argachuu danda'a?

Abukaatoo kan bilisa ta'ee fi kilinika seeraa LawHelpMN.org irratti barbaadaa. Abukaatoon bilisaa fedhii guddaa qabu. Abukaatoo bilisaa waan gaafattan qofaaf wabii hin argattan. Akkasumas walgahii tokkoof gara doolaara 200 kaffaluuf yoo dandeessan abbaa seeraa dhuunfaa waliin haasa'uu dandeessu.

# Sadarkawaan Iyyannoo

## Akkamittan haala eegumsa yeroo argachuuf iyyachuu danda'a?

Hayyama hojii argachuuf sadarkaawwan 4tu jira.

### Sadarkaa 1. Unka I-821 guutaa.

Unka kana argachuuf gara uscis.gov/i-821 deemaa ykn koodii QR iskaan godhaa. Deebii keessan katabaa ykn qalama gurraachaan barreessaa. Deebii keessan Afaan Ingiliziitiin barreessaa.

## Sadarkaa 2. Iyyata keessan waliin erguuf sanadoota walitti qabaa.

Sanadoota yeroof eegumsa argachuuf ulaagaa guutuu akka qabdan mirkaneessan erguu qabdu. **Sababni iyyannoowwan dhorkamuuf baay'inaan namoonni ragaa waan hin ergineef**. Iyyata haala yeroof eegumsa argattan waliin wantoota 7 ergaa:

- ☐ **Unka guutame kan I-821.**

- ☐ **Koppii sanada 1 kan eenyummaa keessan mirkaneessu**. Sanadni kun mootummaa Ameerikaa ykn biyya biraatiin kan ba'e ta'uu qaba. Yoo sanadichi Afaan Ingiliffaan hin taane, akka hiikamu gochuu qabdu. Fakkeenyonni sanadoota fudhatama qabanii kanneen armaan gadii dabalata:
  - Paaspoortii kan suuraa, maqaa fi guyyaa dhaloota keessanii agarsiisu
  - Ragaa dhalootaa waraqaa eenyummaa suuraa qabu
  - Viizaa qoonsilaa biyya alaatiin kennamu
  - Sanada hayyama qaxarrii duraanii yoo iyyata keessan haaromsaa jirtan **YKN**
  - Sanada eenyummaa biyyoolessaa suuraa keessan waliin

- ☐ **Koppii sanada 1 kan biyya tarreeffama haala yeroof eegumsa argate irraa ta'uu keessan mirkaneessu**. Fakkeenyonni sanadoota fudhatama qaban kanneen akka:
  - Paaspoortii kan suuraa, maqaa, fi guyyaa dhaloota keessanii agarsiisu **YKN**
  - Ragaa guyyaa dhalootaa waraqaa eenyummaa suuraa qabu

- ☐ **Koppii sanadoota 1 hanga 3 kan Ameerikaa keessa jiraachuu keessan agarsiisan.** Yoo kana qofa ta'e sanada 1 erguu dandeessu. 3 erguun gaariidha. Fakkeenyonni sanadoota fudhatama qabanii kanneen akka:
  - Waliigaltee Liizii
  - Sanadoota liqii manaa
  - Galmee yaala fayyaa
  - Galmee mana barumsaa isiniif ykn ijoollee keessaniif (maqaan keessan galmee irratti argamuu qaba)
  - Galmee qacarrii hojii
  - Xalayaa kan neighbors, hawaasa amantii, hojii tola ooltummaa
  - Nagahee bittaa U.S. keessatti gootan irraa argamu
  - Galmee  kan maallaqa dabarsuu
  - Galmee bilbilaa
  - Poostaa teessoo U.S. irratti isiniif ergame **YKN**
  - Suuraalee, yoo chaappaan kan guyyaa irratti godhame jiraatee fi gara Ameriikaatti kan fudhataman ta'e

☐ **Unka Guutame I-765 (Yoo hayyama hojii iyyachuu barbaaddan qofa).** Namoonni yeroof eegumsa argatan hojii hojjechuun ni hayyamamaaf, garuu hayyama hojii argachuuf iyyachuu qabu. Unka I-765 guutaa. Innis: [uscis.gov/i-765](uscis.gov/i-765) irratti argama. Unka I-765 iyyata haala yeroof eegumsa argate waliin erguu qabdu. **Addatti isa baaftanii HIN erginaa**. LawHelpMN waa'ee akkaataa hayyama hojii itti iyyachuu dandeessan kan dubbatu waraqaa haqaa qaba. Kana daawwadhaa: [Akkaataa Minnesota Keessatti Heyyama Hojii Argachuu Dandeenyu](Akkaataa Minnesota Keessatti Heyyama Hojii Argachuu Dandeenyu).

☐ **Suuraa paaspoortii 2" x 2" walfakkaataa lama (<u>YOO</u> hayyama hojiitiif iyyachaa jirtu ta'e qofa).** Suuraa paaspoortii manneen daldalaa akka CVS, Wal-Mart, ykn Target irraa kaasuun ni danda'ama.

☐ **Kaffaltii <u>YKN</u> iyyata kaffaltii dhiifama.** Ajaja maallaqa ykn cheekii ergaa. Ajajani maallaqa kaffaltiidhaaf karaa hundarra filatamaa ta'eedha. Kaffaltiin hanga Amajjii 2025tti kaffalamu akka armaan gadiitti tarreeffameera. Kaffaltiin jijjiiramuu danda'a. Iyyata keessan poostaadhaan erguu keessan dura, kaffaltii sirrii erguu keessan mirkaneessuuf marsariitii [USCIS website](USCIS website) ilaalaa.

- **Yoo yeroo jalqabaatiif haala eegumsa yeroof iyyachaa kan jirtan ta'e**: Iyyachuuf kaffaltiin $50 fi kaffaltiin baayoomeetirii kan $30 ni jira. Dabalataanis, <u>YOO</u> hayyama hojiif iyyachaa kan jirtan ta'e, kaffaltiin dabalataa $520 ni barbaachisa.

- **Yoo haala eegumsa yeroof qabdu haaromsuuf iyyachaa kan jirtan ta'e**: Kaffaltiin baayoomeetirii $30 dha. <u>YOO</u> hayyama hojii argachuufis iyyachaa jirta ta'e, kaffaltiin dabalataa $520 ta'a.

- **Yoo kaffaltii kaffaluu dadhabdan, kaffaltii dhiifama gaafadhaa**. Haala eegumsa yeroof qabuu fi kaffaltii hayyama dhiifama hojii ilaalchisee lamaanuu isaaniitiif iyyachuuf [I-912 form](I-912 form) walfakkaatu fayyadamaa. Marsariitiin LawHelpMN's akkaataa kaffaltii dhiifamaaf iyyachuu dandeessan irratti waraqaa kan haqaa ni qaba. Gara kana ilaalaa: [lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/immigration-fee-waivers-0](lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/immigration-fee-waivers-0).

## Sadarkaa 3. Koppii iyyata keessanii qabadhaa.

Unka I-821 fi sanadoota iyyannoo keessanii kooppii godhadhaa. Koppii sana galmee keessaniif qabadhaa.

## Sadarkaa 4. Iyyata keessan gara Tajaajila Lammummaa fi Immigireeshinii U.S. (USCIS) tti ergaa.

- Iyyannoo sana teessoo biyya keessanii wajjin walsimutti poostaadhaan ergaa. Gara: uscis.gov/humanitarian/temporary-protected-status deemaa "Biyyoota Yeroo Ammaa TPSf adda baafaman /Countries Currently Designated for TPS" irratti cuqaasaa. Teessoo poostaa keessanii argachuuf biyya keessan filadhaa.
- Yeroo iyyata keessan poostaadhaan ergitan waraqaa kan hordoffii isaatii faana bitadhaa. Yeroo ergamutti ragaa ykn nagahee argachuu keessan mirkaneeffadhaa



**© 2025 Minnesota Legal Services Coalition.** Sanadni kun dhimma daldalaaf hintaane, namtokkeedhaafi barnootaaf baay'atee raabsamuu danda'a. Mirgoonni biroon hundinuu eegamoo dha. Beeksisi kun waraabbii hunduma irratti argamuu qaba. Baayisuun raabsuun fi .dhimma daldalaaf itti gargaaramuun cimsamee kan dhorkamee dha.